# سُورَةُ الطُّورِ
# Suuraa Xuur

هذه السورة تسمى بسورة الطور

*Suuran tun (Suuratuxxuur) jeamti .

وهي سورة مكية

*lsiin Suuraa makkaati ..

وآياتها ( ٤٩ )

*Aayaanni isiii afurtamii sagali. .

وترتيبها ( ٥٢ )

*Lakkooysi isiii shantamii lama.

نزلت بعد سورة السجدة

*lsiin eega Suuran (sajdaaa) , buutee buute ..

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

* Jalqabni dubbiii maqaa Rabbiitii Rabbii rahgmata qabu .

وَالطُّورِ ﴿١﴾

1}*Gaara xuur jeamuun khakhdhee,( xuur ) gaara Rabbiin isarratti nabi Muusaa dubisee .

وَكِتَابٍ مَّسْطُورٍ ﴿٢﴾

2}*Ammallee kitaaba katabameen khakhadhee{ kitaabni sun quraanaa ,kan Rabbiin nabi Muhammadirratti buuse ,takkaa kitaabuma Rabbiin anbiyootarratti buuse hundaa .

فِي رَقٍّ مَّنشُورٍ ﴿٣﴾

3}*Kitaaba waraqaa takkaa xalayaa keessatti katabame kan akka xalayaa sanirraa qara'arnuuuf.adda qoodame , takkaa facaafame ,kan namni mumina ,musghgafarraa qarau ,kan malaaykan lawhgalmahgfuuzirraa qaraatu,takkaa (raqqin) jechuun :gogaa duuganii happhisanii, irrati waa katabani jechu.

وَالْبَيْتِ الْمَعْمُورِ ﴿٤﴾

4}*Baytii makgmuurin khakhadhee inni samii 3 takkaa 6 takkaa 7 keessa jira .

وَالسَّقْفِ الْمَرْفُوعِ ﴿٥﴾

5}*Ammallee samii ol fuushamteen khakhadhee

وَالْبَحْرِ الْمَسْجُورِ ﴿٦﴾

6}*Bahgara ibidda tayee bobayeen kakhadhee { sun guyyaa qiyaama'aa kan baharri ibidda tayee,bubayuu duuba waan kana hundaan khakhadhee .

إِنَّ عَذَابَ رَبِّكَ
*Azaabni Rabbii keetii , yaa ergamaa kiyya Muhammad

لَوَٰقِعٌ ﴿٧﴾
7}*Kuffaratti bu'uun oolu,isaan qixaax-amuun, waan irraa hafiinsinjirre.

مَّا لَهُۥ مِن دَافِعٍ ﴿٨﴾
8}*Wanni azaaba san isaanirraa deebisu hin jiru takkaa hin jirre .

يَوْمَ تَمُورُ ٱلسَّمَآءُ مَوْرًا ﴿٩﴾
9}*Gaafni azaabni isaanitti bu'u sun.gaafa samiin sossoo insa jabaa sossootu, takkaa hurgufamtu ,cinqiin guyyaa sanii jabaa-tu'urraa

وَتَسِيرُ ٱلْجِبَالُ سَيْرًا ﴿١٠﴾
10}*Gaafa gaarotiin bakkajiruu kaatee , caccaphxee hurrooytee yaatu.wanni Rabbiin samiiifii dachii dhabamsii-seesef, dhuma addunyaaa nama beysisee jalqaba aakhiraaa nama hubachii-su'uufi. maalif samiiifii gaarotiin , wanni uumamteef, addunyaa tanaan ja-aruuuf . duuba sarniiifii ,dachiin,gaaran wajji dhabamnaan , manni addu-nya`aa diigamee.jiruu aakhiraaa malee, jiru un addunyaaa hin hafne.mana aakhira' aa malee, manni biraa hin hafne ,jechu .

فَوَيْلٌ يَوْمَئِذٍ لِّلْمُكَذِّبِينَ ﴿١١﴾
11}* Duuba gaafa qiyaaman dhaabbatte san Iaga azaabaatiitu warra Rabbitti kafa-reef jira.qixaaxa jaba aatu , warra ergam-oota Rabbii kijibsiisef,guyyaa qiyaamaaa jira .

ٱلَّذِينَ هُمْ فِى خَوْضٍ يَلْعَبُونَ ﴿١٢﴾
12}*Isaan warra addunya`arratti baaxila , yookaa kufrii keessa seenanii jaallatan takkaa addunya`aan taphatanii aakhiraa dagatan .kan aakhiraan ni dhuftii hin yaanne.

يَوْمَ يُدَعُّونَ إِلَىٰ نَارِ جَهَنَّمَ دَعًّا ﴿١٣﴾
13}*Gaafui warri Rabbitti kafare qixaa-xamu ,guyyaa ibiddajahannamitti , dirqiiin naqaman. harki isaanii morma isaanitti ol hidhamee. miilafii mataan walitti hidhamee,ibiddatti dabram an, duuba hoggaa ibidda san. seensifaman, ormi malaaykaaa.wanni isaanin jeu ,

هَٰذِهِ ٱلنَّارُ ٱلَّتِى كُنتُم بِهَا تُكَذِّبُونَ ﴿١٤﴾
14}*Ibiddi kun ,kan addunyaarratti khiji-bsiisuu turtan kan nama ibiddi aakhira'aa ni jira.jeu khijibsiiftan .kan quraana ibiddi jahannam ni jira jeuun sihgriidha jettanii dhugooornsuu diddanii .

أَفَسِحْرٌ هَٰذَآ

*Duuba ibiddi isin gubu kun,sihgriidhaa akkuma quraanan sihgrii, takkaa falfala jettanitti ?

أَمْ أَنتُمْ لَا تُبْصِرُونَ ﴿١٥﴾

15}*Takkaa isin, homaan agartan, akkuma addunya' aadharratti haqarraa yaamtan? isaan xiqqeessuuu jecha akkana isaanin jean .jarri kuffaaraa kan addunyaarratti quraanan sihg rii jeu ,ibidda jahannam , kan isaan gubuun sihgrii jeuu hin dandayan laalaa isaati arganii .

ٱصْلَوْهَا

*Yaa warra rabbitti kafare, ibidda seenaa ,itti gubadhaa.

فَٱصْبِرُوٓاْ أَوْ لَا تَصْبِرُواْ

*oow'a isarratti obsaa, takkaa hin obsinaa

سَوَآءٌ عَلَيْكُمْ

*Obsu'uufii, obsuu dhabuun keessan wal qixaa.isin warra zalaalamii ,ibidda jahanam keessa taa'uu .

إِنَّمَا تُجْزَوْنَ مَا كُنتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿١٦﴾

16}*Wanni isin aakhira'atti mudattan yookaa qunnamtan kun , waan biraatifii mitii,waanuma addunya'arratti dalaydanii dabarsitaniifi.namuu waanuma facaafate,haammataa. Wanni isin facaafattan, rabbiifii, ergamaa isaa khijibsiisu'uu, midhaan sanii, ibidda zalaalamii .

إِنَّ ٱلْمُتَّقِينَ فِى جَنَّٰتٍ وَنَعِيمٍ ﴿١٧﴾

17}* Ammoo warri Rabbi sodaatee, waan inni itti ajaje dalagee, waan inni irraa dhoowwerraa fagaate .jannata ,yookaa masnoo jannataatifii,qananii jannataa keessa qubata .

فَٰكِهِينَ بِمَآ ءَاتَىٰهُمْ رَبُّهُمْ

*Waan rabbiin isaanii kenneen qanani'aadhaa .mi'eyfata'aa, nyaatafii, dhugaatii .uffata ,bakka keessa galaniifii ,ammallee waan biraa hundaan,qanani'aadhati jannata keessa taa'an.

وَوَقَىٰهُمْ رَبُّهُمْ عَذَابَ ٱلْجَحِيمِ ﴿١٨﴾

18}*Rabbiin isaanii azaaba jahannamirraa nagaya isaan baasee .

كُلُواْ وَٱشْرَبُواْ هَنِيٓـًٔا

*Wanni isaanin je'amu: nyaataa, dhugaatii .gaarii nyaadha'aa dhugaa.

بِمَا كُنتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿١٩﴾

19}*Sababaa addunya'arratti waan gaari'irraa waa dalaydanii dabarsitaniif jeeha

مُتَّكِـِٔينَ عَلَىٰ سُرُرٍ

*Siree jannataa dhedheertu'urratti xiqilfataadhaa.

مَّصۡفُوفَةٖۖ

*Siree salfi'itti kaayamterratti ciqilfadh-a'aa fuula walitti gara gala'aa qanani'an

وَزَوَّجۡنَٰهُم بِحُورٍ عِينٖ ٢٠

20}*Jara akkasitti tolee, jannata seene san , dabra babbareedaa ija babal'atu,kan takkaa dhiirti hin tuqin, isaanifkennine. Takkaa gulanteessineef .tan hoggaa hunda isaan booharsitu .

وَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَٱتَّبَعَتۡهُمۡ ذُرِّيَّتُهُم بِإِيمَٰنٍ

*Warri rabbitti amane, kan ilmaan isaanitis, akka isaanitti rabbitti amananii karaa isaanii deeman .

أَلۡحَقۡنَا بِهِمۡ ذُرِّيَّتَهُمۡ

* Ilmaan isaanii san, jannata keessatti isaanitti dhaqabsiifne. darajaa abbootii isaanii, isaanii kenninee ,yookaa seensifnee .akka gammachuun abbootii isaanitiif guutamtu.odoo ilmaan sun, dalagaa isaanitiin bakka abbootii isaanii gayullee baatanii. Ibnu kgabbaas rabbi isarraa haa jaalatuu akki je'e: rabbiin jannata keessatti ilmaan mu'minaa darajaa abbootii isaanitti ol fuudha. odoo dalagaa isaanitiin achi gayuu baatanille'ee.wanni rabbiin akkas godheef gammachuu abbootii isaanitii guutarntu'uufi .

وَمَآ أَلَتۡنَٰهُم مِّنۡ عَمَلِهِم مِّن شَيۡءٖۚ

*Kan sawaaba abbootii isaanirraa waa takka hin ir'ifne

كُلُّ ٱمۡرِيِٕۭ بِمَا كَسَبَ رَهِينٞ ٢١

21}* Namni hundi dalagaa hamtuu ifii dalage qofaaf qabamee,qixaaxama . waan namni biraa dalageefii mitii. Odoo abbaa isaa , takkaa ilma isaa taatelle'ee .. takkaa aayanni tun wanni nuu himtu namni kaafiraa hundi dalagaa isaatin qabamee ibidda keess atti hidhamee,gubata. jechu, maalif mu'minni akkasii mitii akka rabbiin jere: ) ( كل نفس بما كسبت رهينة الا أصحاب اليمين ) makgnaan isaa: warra mirgaa malee namni hundi dalagaa isaatif azaaba keessatti hidhama , warri mirgaa mu'minaa.

وَأَمۡدَدۡنَٰهُم بِفَٰكِهَةٖ

*Warra tolee jannata seene san, waan argatan sanirratti, ammas waan asheeta taye hunda, isaanii idaana .

وَلَحۡمٖ مِّمَّا يَشۡتَهُونَ ٢٢

22}* Ammallee warra jannata seene san waan gosa foonii taye, kan lubbuun isaanii feetu hunda isaanii kennine .

يَتَنَٰزَعُونَ فِيهَا كَأۡسٗا

*Warri jannataa sun.jannata keessatti kaasa farshoodhati ,wal harkaa bubbuta'aa kufla'aa.dhuganii quufan

لَّا لَغْوٌ فِيهَا

*Farshoo san keessa, wanni hamtuun hin jirtu. kan akka hoggaa dhugan nama arr-absu'uu, takkaa rnachaayu'uu .. isiin waan farshoon addunya'aa itti nama kaaftutti , naman kaaftu , jechu

وَلَا تَأْثِيمٌ ﴿٢٣﴾

23}*Ammal lee farshoo Aakhira' aa ke-essa diliin hin jirtu,dhuguun isi'ii , diliitti naman geessitu,akka tan addu-nya'aa diliitti nama geessitutti . isiin mataa naman dhooytu , garaa naman dhukkubsitu , aylii namarraan deemsiftu , akka farshoo addunya'atitti .

۞ وَيَطُوفُ عَلَيْهِمْ غِلْمَانٌ لَّهُمْ

*Warra jannataa san joollee isaan khad-damtuutu, isaanirra naannawa ,waan isa-an itti haajaman laalu'uu jecha ,

كَأَنَّهُمْ لُؤْلُؤٌ مَّكْنُونٌ ﴿٢٤﴾

24}*Bareeduminni joollee sanii akka lu-'laa qolofa isaa keessaa ,amma baasaniiti .addeenyafii .qulqullummaa yoo laalle , akka luluaati jechu(maknuun) jechuun: kan qolofa , takkaa waan keessatti uuma-me keessatti tiyfame jechu' .

وَأَقْبَلَ بَعْضُهُمْ عَلَىٰ بَعْضٍ يَتَسَآءَلُونَ ﴿٢٥﴾

25}*Warrijannataa sun bakka taaanitti fuula walitti gara galaniiti , waan addu-nyaarratti dalaganirraa haasawanii , wal gaafatan . waan dabarsan yaadatanii , ga-lata irratti argataniin gammadu'uu jecha ,

قَالُوٓا۟ إِنَّا كُنَّا قَبْلُ فِىٓ أَهْلِنَا مُشْفِقِينَ ﴿٢٦﴾

26}*Duuba warri gaafatamu akki je`u nuti addunyaarratti gaafa warra keenyan wajji jirru,azaaba Rabbii keenyati soda-atuu turre . isarraa Rabbittii maganfatuu turre .

فَمَنَّ ٱللَّهُ عَلَيْنَا

*Duuba Rabbiin keenya , nu guddiseeti jannata nu seensisee

وَوَقَىٰنَا عَذَابَ ٱلسَّمُومِ ﴿٢٧﴾

27}*Azaabajahannamirraa nu teyse .

إِنَّا كُنَّا مِن قَبْلُ نَدْعُوهُ

* Maalif addunya 'atti nuti rabbi keenya ibaaduu turree . jannata isaa nu seensisee ,azaabarraa nagaya nu baasuu , isa khadh-atuu .turree.duuba khadhaa teenya nuu qeebaleeti, waan barbaanne nuu kenne .

إِنَّهُۥ هُوَ ٱلۡبَرُّ *Rabbiin kan tala oolee nama qananiisuu.

ٱلرَّحِيمُ ﴿٢٨﴾ 28} * Kan rahgmata namaa godhuu .

فَذَكِّرۡ *Yaa ergamaa kiyya Muhammad orma kuffaaraa kana, quraana irratti qaraii , gorsii,yaadachiisi

فَمَآ أَنتَ بِنِعۡمَتِ رَبِّكَ بِكَاهِنٖ * Ati sababaa Rabbiin kee si qananiise si ergeef jecha , nama raaga laalee ,waan dhufaajiru himuu miti wanni ati waan dhufaa taa'u himtuun,karaa Rabbiin wahgyii sirratti buusuu utini , karaa quraanatiini , karaa waan Rabbiin si dubbise , dubbatu'u utini . wanni ati dubbattu hundi ,waan Rabbiin si dubbise malee, waan ati if biraa dubbattuu miti

وَلَا مَجۡنُونٍ ﴿٢٩﴾ 29}*Ammallee ati waa rnaraataaa miti ati nama guutu'u. akka kuffaarri jeuu mitii.
kuffaarri hoggaa nabi Muhammad nama raaga laaluu mitii, ammallee maraataaa mitii argan, wa nni jeaniin ,wallisaa, duuba Rabbiin isaanirratti deebisee, akki jee.

أَمۡ يَقُولُونَ شَاعِرٞ نَّتَرَبَّصُ بِهِۦ رَيۡبَ ٱلۡمَنُونِ ﴿٣٠﴾ 30}* Si ormi kuffaaraa sun Muhammad nama walaloo je`uu ,takkaa wallisuu duuba akka wallisoonni isa, dura dabre Du`ee.wanni isaan jean dabartetti , Muhammadis dabree, takkaa du`ee ,wanni inni dhufeen dhabamtee.dabartii takkaa baddii balaa isarraa nagaya baanaa , itti dhiisaa waliin jeaniiti.dua tee eeganii? (natarabb asgu ) jechuun :ni eeyna jechuudhaa .(rayba ) jechuun : waan zamanni dhufuun jechuf manuun ) jechuun:zamana yookaa du'a jechu' .ormi kuffaaraa nabi Muhammad duee , diinan isaa cituu eegan . duuba Rabbiin nabi Muhammadiin akki je' e .

قُلۡ *Wanni orma kuffaaraa saniin jettu :

تَرَبَّصُواْ *Du'a tiyya eegaa .

فَإِنِّي مَعَكُم مِّنَ ٱلۡمُتَرَبِّصِينَ ﴿٣١﴾ 31}*Anis isiniin wajjan.dua teessan eegaa , rabbiin isin balleessuuu eegaa jechu.

أَمۡ تَأۡمُرُهُمۡ أَحۡلَٰمُهُم بِهَٰذَآۚ *Si aylii isaanitiitu khijiba kanatti isaan kaasaa, takkaa ajajaa ? ayli'iitu waan rabiin je'u, dhugo'oomsuu didanii, qiyaamaa khijibsiisu'utti , isaan geessaa? yoo akkas taate,sun waa ayliidhaa miti. ayliin tan haqaafii baaxila, dhuga'aafii khijiba, addaan namaa baaftuu,

mee akkamiin ergamaa keenya muhammad guutummaa isaa beekhaniin , maraataaje'an? yoo kan aylii qabaatan tayan.

أَمْ هُمْ قَوْمٌ طَاغُونَ ﴿٣٢﴾

32}*Si wanni akkas jeaniinif sababaa isaan, warra kufrii keessa wasanaa bayan tayaniifii? tanaaf wallisaa,raagaa, mara-ataa isaan je`anii .

أَمْ يَقُولُونَ تَقَوَّلَهُۥ

*Si, jarri kuffaaraa sun qur`aana kana mu-hammaddu,if biraa kaaseti waan Rabbiin isarratti hin buusin, je'e je'anii? Kan saniif jecha, qur'aana qeebaluu didaniif?

بَل لَّا يُؤْمِنُونَ ﴿٣٣﴾

33}*Dubbiin akka isaan je'anii mitii wa-nni qur'aana dhugo'oomsuu didaniif, mo-roma'aafi, haqa didda'aafi .

فَلْيَأْتُوا۟ بِحَدِيثٍ مِّثْلِهِۦٓ

* Mee yoo kan qur'aana Muhammaddu if biraa kaasee je'e, je'an taate, dubbii qur'aana fakkaattu, haa fidanii, qur'-aana waan dabreefii , waan dhufaa taa'u dubbatu.kan waan addunya 'atti rarra'uufii,waan aakhira'atti rarra'u, odeessu, haa fidanii , isaan warra akka nabi muhammaditti afaan arabaa beekhuu.

إِن كَانُوا۟ صَـٰدِقِينَ ﴿٣٤﴾

34}*Yoo kan Muhammaddu, quraana ka-na, if biraa kaasee,dubbate jechuu eess-atti, kan dhugaa dubbatan tayan. qur'aana akka qur'aana kanaa, haa fidanii.

أَمْ خُلِقُوا۟ مِنْ غَيْرِ شَىْءٍ

*Si ormi kuffaaraa sun, wanni Rabbiin ni jiraa dhugo'oomsuu didaniif rabbiin nu uume hin jiruu, akkanumaan uuma mnee, yaaduu isaanitiifii? kan namni tokko isaan hin uumin akkanumatti argamanii yaaduu isaanitiifii .

أَمْ هُمُ ٱلْخَـٰلِقُونَ ﴿٣٥﴾

35}*Takkaa nuutu if uumee yaaduu isa-anitiifi Rabbiin hin jiru je'anii?haa tayuu waanni lachuu waan aylii hin seenne, maalif akka kaan ifii, if hin uumin, isaanuu ni beekhanii,mee manni tokko,ifumaa, wahayyuu fidee ifjaarun waan aylii seenuu? Lsaanis akka-suma .

أَمْ خَلَقُوا۟ ٱلسَّمَـٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ

*Si ormi kuffraa, kan rabbiin hin jiruu yaadu sun,isaantu samiiifii dachii uumee ? isaan hin uumnee , namni isii uume kan biraati jechu' . sun Rabbii tokkichaa wa-

aqa tokkichaa isa anuu sun ni beekhanii .'

بَل لَّا يُوقِنُونَ ﴿٣٦﴾

36} *Haatayuu nabi Muhammaditti amanuu diddaaafii.Rabbiin hin jiru jean .rnaalif wanni argame hundi waan isii argamsiisetti haajamtii,namni isii argamsiise hin jiru, jechuun .wannumm-aan sunuu hin jirtu jechu'u, ammoo wanni argame hin jirtu, jechuun ,hin mijjaayu .waan laalanii arganii,akkasuma ifiin if argamsiifte jechuun,waan hin taane.maalif? wanni ifii argama hin qabne , wanni ifii hin jirre , eessaa argama nama biraatii kenniti?

أَمْ عِندَهُمْ خَزَآئِنُ رَبِّكَ

*Si orma kuffaaraa san bira bakkeen rizqiin Rabbii irraa qoodamtu, bakkeen roobni irraa roobu jirtii ? kan abbaa fedhanii,waan fedhan kennanii abbaa fedhan dhoowwatan? hin jirtu jechu .

أَمْ هُمُ ٱلْمُصَيْطِرُونَ ﴿٣٧﴾

37}*Si wanni amanuu didaniif, isaantu waan Rabbiin uume hundarratti ,warra irree qabuu,kan waan fedhan dalaganii,waan fedhan dhiisan,kan nama ajajuu malee ,namni isaan ajaju hin jirre ? lakkii isaan,humna akkasii,hin qaban jechu'. kan humna san qabu Rabbii tokkichaa

أَمْ لَهُمْ سُلَّمٌ يَسْتَمِعُونَ فِيهِ

*Si isaan , sullama yookaa korisaa , sami`iin koran, kan achitti , waan malaaykan jettu , wahyii Rabbii dhaggeeffatan , kan karaa saniin haqarra jirraa if beekhanii ,harka ittin maratan qabanii

فَلْيَأْتِ مُسْتَمِعُهُم بِسُلْطَٰنٍ مُّبِينٍ ﴿٣٨﴾

38} * Mee warri waan malaaykan jettu samii baanee dhageennya jeu sun imamanyii,takkaa ragaa rnulataa ,akka isaan dhagayan addeessu,haa fiduu. mujizaa akka ergamaan keenya Muhammad fiduu ,haa fidanii .

أَمْ لَهُ ٱلْبَنَٰتُ وَلَكُمُ ٱلْبَنُونَ ﴿٣٩﴾

39}*Si Rabbiif, dhalaa ifii jibbitan guutaniiti , isinifii dhiira godhattanii? duuba namni waan ifii jibbu, Rabbii kenne, waan aylii qaba jean, hin qabu jechu.

أَمْ تَسْـَٔلُهُمْ أَجْرًا

*Si wanni sitti amanuu didaniif,siitu diinaa isaan barsiisu'urratti, horii naa kennaa ,jettee .isaan khadhattaa.

فَهُم مِّن مَّغْرَمٍ مُّثْقَلُونَ ﴿٤٠﴾

40}* Kan wanni si kennan sun, isaanitti ulfaattee, sanii jecha,sitti amanuu didan,wanni sii kennan sun isaan aalessitee, wanni ati jettu itti ulfaattee.si dhagayuu didanii ? ati waa takka isaan hin khadhattuu , waa sanii jecha amanuu hin dinne jechu .

أَمْ عِندَهُمُ ٱلْغَيْبُ فَهُمْ يَكْتُبُونَ ﴿٤١﴾

41}*Si isaan beekkomsa waan dhufaa jiruuti , if biraa qabanii? kan sababaa saniin wanni ati jettu khijiba tayuu beekhanii , amanuu didan ? takkaa lawhgalmahgfuuzg , kan waa hundi isa keessajiruutu,isaan birajiraa? kan sanirraa waan dhufaa taa'u hunda ,katabanii beekan ? takkaa wanni ormi kufaaraa Muhammad duee ,diinan isaa baduu eeyna jeeef.waan dhufaa taau beynaaafii? Maaltu isaanifii, Muhammad, kan dura du'u , isaan beysise? Lawhgalmahgfuuzirratti arganii? hin agarree hin beekhan jechu' kan waan dhufaa jiru beeku takkaa beysisu Rabbii tokkicha qofaa .

أَمْ يُرِيدُونَ كَيْدًا

* Si Orrni kuffaaraa sun, si rniidhuuuf mala dhawanii takkaa sitti wal mariyatanii? Hin sodaatin ,waa takka si godhuu hin dandayanii

فَٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ هُمُ ٱلْمَكِيدُونَ ﴿٤٢﴾

42}*Warri si miidhuuu sitti wal rnariyate sun,isaanumaatu miidhamaa .malli, Hamaan isaan sitti dhawan sun .isaanumatti deebia, Rabbiin mala isaanin balleessu , kan mala isaanii daranii , isaanitti dhawaa

أَمْ لَهُمْ إِلَٰهٌ غَيْرُ ٱللَّهِ

*Si jarri kuffaaraa sun Rabbii guddaa malee waaqa guddaa malee Rabbii biraa qabanii , kan rizqii isaanii hiru, kan hoggaa rakkatan itti dheysan ? hin qaban jechu' .

سُبْحَٰنَ ٱللَّهِ عَمَّا يُشْرِكُونَ ﴿٤٣﴾

43}* Rabbiin , waan ormi kuffaaraa isatti qindeessurraa qulqullaayee jira , wanni isatti qixxaayu, hin jiru mukni isatti hin fakeeffamu , namni waaqa Rabbi hin jeamu Rabbiin tokkichan haajamne . kan hin gargaarsifanne ,kan fakkaataa hin qabne .

وَإِن يَرَوْا۟ كِسْفًا مِّنَ ٱلسَّمَآءِ سَاقِطًا

*Ormi kuffaaraa sun, yoo Rabbiin azaaba muree samiidhaa akka gaaratti, isaa nirra buusuuu jecha itti gad oofuu , arganii.

يَقُولُواْ سَحَابٌ مَّرْكُومٌ ﴿٤٤﴾

44}*Wanni isaan qishnaaaf'jecha jean : wanni sarniii nutti gad deemu kun, azaabaa mitii duumessa walitti qabamee , nuu roobuuu deemu jean.isaan sodatanii ,waan hamtuu keessa jiran hin dhiisanii .

فَذَرْهُمْ

*Duuba,ati, jara san itti dhiisi, haa jalIina isaanii keessa, fagaatanii,kufrii keessatti cimanii

حَتَّىٰ يُلَٰقُواْ يَوْمَهُمُ ٱلَّذِى فِيهِ يُصْعَقُونَ ﴿٤٥﴾

45}*Hanga guyyaa, isa keessa, azaabni isaanitti buuun , wal arganitti takkaa wal qunnamanitti. sun guyyaa qiyaamaaatii .kan azaabni isaanitti dhufee, isaan dhamaayyessu. Takkaa naasisee , aylii isaanirraa deemsisu .

يَوْمَ لَا يُغْنِى عَنْهُمْ كَيْدُهُمْ شَيْـًٔا

*Guyyaa malli hamaan, isaan addunyaarratti namatti yaadan,isaanii hin toile. kan azaaba isaanirraa hin deebifne.

وَلَا هُمْ يُنصَرُونَ ﴿٤٦﴾

**46}***Guyyaa san, nam tokko isaanii dirmatee, azaaba isaanirraa hin deebisu .yookaa azaabarraa najaaisaan hin baasu.

وَإِنَّ لِلَّذِينَ ظَلَمُواْ عَذَابًا دُونَ ذَٰلِكَ

*Warra Rabbitti kafareef ,azaabatu qopphaayee jira , odoo guyyaan qiyaarnaaa hin geenye ..

وَلَٰكِنَّ أَكْثَرَهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٤٧﴾

47}*Haa tayuu irra hedduun isaanii , akka azaabni odoo qiyaaman hin geenye, isaanitti buuudhaa jiraatu hin beekhan, ajjeechaaan tayuu,beelan tayuu , dhukkubaan tayuu , azaaba qabriii tayuu duuba akkuma Rabbiin jeetti , warra nabi Muhammad miidherraa, roobni ammata torba citee , cinqii jabduu argan . sun azaabarraa tokko.

وَٱصْبِرْ لِحُكْمِ رَبِّكَ

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad miidhaa kuffaararratti obsii,firdii Rabbii keetii, dalaga 'arra oolchi.ergaa tiyya isaanitti geessi .

فَإِنَّكَ بِأَعْيُنِنَا

*Ati tika keenya keessajirtaa nama hundarraa si eeynaa

وَسَبِّحْ بِحَمْدِ رَبِّكَ حِينَ تَقُومُ ﴿٤٨﴾

**48}** *Hoggaa hirriibarraa kaatu hunda, Rabbii kee ,waan isaan hin malle hundarraa , qulqulleysi .takkaa hogguma bakka teessuu kaatee dhaabbattu , hunda , Rabbii kee tasbiihga godhi (sub-

hgaanallaahi wa bi ngamdihii ) jeee , takkaa hoggaa hirrii barraa kaate salaati jechuu

وَمِنَ ٱلَّيۡلِ فَسَبِّحۡهُ

*Halkanis Rabbii kee zakkari, takkaa salaati jechu' .

وَإِدۡبَٰرَ ٱلنُّجُومِ ﴿٤٩﴾

**49}***Ammas halkan gama boodaa , hoggaa urjiin sesseente salaati,sun rakakgaa lamaan salaata subhgiii , dura salaatanii , nabi Muhammad akki jee : rakakgaa lamaan fajriii adduny a' aafii waan addunyaa keessa jirurra caala , je`an , nageenyi isaanirraati haa jiraatuu